# سُورَةُ المُرسَلات
# Suuraa Mursalaat

قبل كل شئ هذه هي سورة المرسلات ا

*dura dursoo suuran tun suuratulmursalaati je'amti

وهي مكية إلا آية ( ٤٨ )

*Isiin suuraa makkaati aayata afurtamii saddeetii malee.

فهي مدنية

*isiin ta madiina'aatii

وآياتها ( ٥٠ )

*Aayaanni isi'ii shantama {50}.

وترتيبها ( ٧٧ )

*Lakkooysi isi'ii torbaatamii torba {77}.

نزلت بعد سورة الهمزة

*Isiin eega suura humaza'aatii buute

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni, dubbi'ii,maqaa, Rabbii rahgmata qabuutii,

وَالْمُرْسَلَاتِ عُرْفًا ١

l}*Qilleensa wal faana bubbisuunan khakhadhaa ,{kgurfan} jechuun:kan akka gammaa fardatti walitti dhaabbatu jechu'uu, kan addaan hin cinne, qilleensa kuffaaratti bubbisu.

فَالْعَاصِفَاتِ عَصْفًا ٢

2}*ammallee , qilleensa , akkaan , bubbisu , kan waan irra dabre balleessun khakhadhee.

وَالنَّاشِرَاتِ نَشْرًا ٣

3}*Ammallee qilleensa rooba facaasun khakhadhee, takkaa malaaykaa roobatti maddabamteen khakhadhee

فَالْفَارِقَاتِ فَرْقًا ٤

4}*Ammallee aayata qur'aanaa tan haqaafii baaxila .haraamifii ,halaal ,gaari'i ifii hamaa, adda baaftun khakhadhee.

فَالْمُلْقِيَاتِ ذِكْرًا ٥

5}*Ammallee,malaaykaa wahyiidhan anbiyootatti dhuftuun khakhadhee, takkaa ergamoota wahyii Rabbii gara ummataa geessun khakhadhee.

عُذْرًا

*wanni , malaaykan , takkaa, anbiyoonni wahyii ummatatti geessituuf,akka ummanni yoo amanuu baate guyyaa boruu, waan himatu ,dhabu'uufi, waan isaan.sababaa.godhatanii.arnanuu oolan

irraa deemsisu'uufi, akka isaan silaa odoo ergaa nutti ergitee ni amannaa siitu nuttin erginii, tanaaf amananuu oolle je'anii sababaa hin godhanne'eefi,

6}* Takkaa wanni wahyiin buutuf, wanni Rabbiin ergaa erguuf gabroottan isaa azaaban sodaachisee, akka amanan godhuudhafii, duuba waan dabre hundaan khakhadhee.

أَوۡ نُذۡرًا ٦

7}*Yaa warra,Rabbitti kafare, wanni muun ooluu beekhaa, inni dhufuun waan shakkiin qabnee hubadhaa.

إِنَّمَا تُوعَدُونَ لَوَٰقِعٞ ٧

8}*Duuba gaafa urji'irraa ifni deemsifamee, saml'ii harcaatee dhabamte.

فَإِذَا ٱلنُّجُومُ طُمِسَتۡ ٨

9}*Gaafa samiin baqayxee qooyte.

وَإِذَا ٱلسَّمَآءُ فُرِجَتۡ ٩

10}*Hoggaa gaarri caccaphee ,bakka jirurraa kale.

وَإِذَا ٱلۡجِبَالُ نُسِفَتۡ ١٠

11}*Gaafa ergamoota Rabbiitif qaaxaroon qabamte, akka dhufanii ummata isaanirratti ragaa bayan.

وَإِذَا ٱلرُّسُلُ أُقِّتَتۡ ١١

12}*guyyuma kamiif qaaxaroon isaanif qabamte.

لِأَيِّ يَوۡمٍ أُجِّلَتۡ ١٢

13}*Guyyaa ,Rabbiin gabroottan isaa jiddu'utti dubbii laalu, guyyaa Rabbiin anbiyootafii {ergamoota}ummata isaanii jiddu'utti dubbii laalee adda baasu. kan warra ergamoota isaa kijibsiise qixaaxu, kan warra isaan dhugo'oomse guddisu, jannata isaan seensisee, gaafa sanii jecha qaaxaroon ergamootaf qabamtee, isaanii booda aanfamte, duuba gaafa san wanni Rabbiin nuu odeesse marti ni argamti, gaafa sani qiyaaman dhaabbatuun isa sani, kan {yawmulfasli} je'amu.

لِيَوۡمِ ٱلۡفَصۡلِ ١٣

14}*Yawmulfasli takkaa guyyaa qiyaamaadhaa ,san,maaltu si beysise?cinqii guyyaa qiya'aama'aa san keessatti argamtu maaltu sii hime? guyyaan qiyaama'aa guyyaa warra nutti kafare qixaan'u.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلۡفَصۡلِ ١٤

وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ١٥

15}*Guyyaa san ibidda azaabatu, warra Rabbitti kafareef, kan anbiyaa khijibsiisef jira, nuti warra nutti balleesse hin dhiifnuu, ni qaxaan'aa.

أَلَمۡ نُهۡلِكِ ٱلۡأَوَّلِينَ ١٦

16}*Si nuti warra isin dura dabre, kan dabre, kan Rabbitti kafaree ergamoota khijibsiise , sababaa isaan Balleessaa tana dalaganiif lafarraa isaan hin fin'ee? kan akka ummata nuuh, kan akka ummata huud? eeyee lafarraa fin'e jechu'.

ثُمَّ نُتۡبِعُهُمُ ٱلۡأٓخِرِينَ ١٧

**17}***Ammas warm isaan booda dhufe booda dhufe, kan Rabbitti kafare, takkaa balleyse hunda, akka jara isaan duraa fin'etti isaanis fin'ee. jalan deemsifnee?, takkaajalan dabarsinee? Kan akka ummata luux, kan akka ummata fir'awnaa.

كَذَٰلِكَ نَفۡعَلُ بِٱلۡمُجۡرِمِينَ ١٨

**18}***Akka onna san, tanaan dura, fin'etti ,nama , ammaafii, amma, boodallee ,Rabbitti, balleessu, addunyuma tanarratti qixaan'a.

وَيۡلٞ يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ١٩

19}*Guyyaa ,qiyaama'aa ,san. azaaba jaba'aatu ,kan {wayl}je'amu warm diinaa Rabbii khijibsiisef jira, {wayl} jechuun; irra guddaa lagootii ibiddaati, takkaa {wayli} jechuun; waan warra azaaba keessaa yaa'u, kan akka dhiigaa, mala'aa fa'aatu isaanif jira, nuti akka feenetti isaan qixaan'aa, wanni nu dadhabsiisu hin jiru.

أَلَمۡ نَخۡلُقكُّم مِّن مَّآءٖ مَّهِينٖ ٢٠

20}*Si ,nuti isin,orma kuffaaraa ,takkaa il-maanuma namaa hunda bishaan laafaa, dhiirafii dhala'arraa bayurraa uumaa teessan hin jalqabnee.

فَجَعَلۡنَٰهُ فِي قَرَارٖ مَّكِينٍ ٢١

21}*duuba bishaan san, bakka keessa taa'u kan akkaan tiysu keessa hin keenyee? Sun gadaamessa haadhatii.

إِلَىٰ قَدَرٖ مَّعۡلُومٖ ٢٢

22}*Kan hanga yaroo beekkamtu'utti gadaamessa keessa taa'u,sun hanga wayti dhalootatii.

فَقَدَرۡنَا

*Duuba akkasitti nama waan hin jirrerraa uumuu dandeenye,

فَنِعْمَ ٱلْقَٰدِرُونَ ﴿٢٣﴾

23}*Namni waan san dandaye numa faarfame, humna numa qaba,sun nuhi, kan nama waan laaftuu akka hanc ufarraa uumnee,suuraa gaarii bareedduu goonee,humna jabduu kenningeefii guunnee ,duuba Rabbiin nama waan hin jirrerraa uume , eega namni du'ee waan jirurraa ,kan lafee isaa fa'arraa deebisuu ni dadhabaa ? hin da dhabu jechu',

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٢٤﴾

24}*Warra qiyaaman hin dhuftu je'ee khijibsiisef , azaaba jaba'aatu jira guyyaa san.

أَلَمْ نَجْعَلِ ٱلْأَرْضَ كِفَاتًا ﴿٢٥﴾

25}*Si nuti lafa laaltanii gartan tana ,bakka akka haadhatti ifitti isin qabdu hin goonee.

أَحْيَآءً وَأَمْوَٰتًا ﴿٢٦﴾

26}Tan hangajirtan dudda isiii gubba'atti walitti isin qabdu,tan eega duutaniiyis garaa isi'ii keessatti walitti isin qabdu , {kifaatan} jechuun; walitti isin qabdu jechu',maalif qabriin nama keessatti awwaalame, yoo jaalatte akka haati ilmoo ifitti qabdutti ifitti qabdi, yoo jibbite hacuucceti akka cinaachi isaa lamaan wal dabru gooti, duuba dachii akkanaa tana nuutu uumee mitii?

وَجَعَلْنَا فِيهَا رَوَٰسِىَ شَٰمِخَٰتٍ

*Kan dachii tanarratti, gaarotii gurguddoo , dhedheertuu uumne,akka isiniin hin sossoonef, kan odoo gaarotiin tun jira atuu baattee isi'irra jiraatuu hin dandeenye,

وَأَسْقَيْنَٰكُم مَّآءً فُرَاتًا ﴿٢٧﴾

27}*Kan bishaan mi'aayaa isiniifii horii keessanillee obaafne,duuba akkamitti galata naa galchuu ooltanii natti kafartan?

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٢٨﴾

28}*Warra Rabbitti kafaree nirnaa inni isaa kennerratti galata isaa galchuu dhiisef, azaaba jaba'aatu guyyaa qiyaama'aa jira guyyaa, qiyaama'aa san wanni orma kuffaaratiin je'amu.

ٱنطَلِقُوٓا۟ إِلَىٰ مَا كُنتُم بِهِۦ تُكَذِّبُونَ ﴿٢٩﴾

29}*Gara waan kijibsiisuu turtanii ori'aa.

ٱنطَلِقُوٓا۟ إِلَىٰ ظِلٍّ ذِى ثَلَٰثِ شُعَبٍ ﴿٣٠﴾

30}*Gara aara ibiddajahannam kan bakka sadiyitti adda bayuu deema'aa, gaaddiseeffadhaa isaanin je'arna,

لَا ظَلِيلٍ
*Aarri sun,oow'a guyyaa sanirraa, Gaaddisaisaaniin tayu,

وَلَا يُغْنِي مِنَ ٱللَّهَبِ ﴿٣١﴾
31}*Ammallee, arraba, ibidda jahannam ,isaanirraa hin deebisu.

إِنَّهَا تَرْمِي بِشَرَرٍ
*Ibiddi jahannam, kan, aarri akkasitti irraa bayu sun qaanqee aaran wajji darba,

كَٱلْقَصْرِ ﴿٣٢﴾
32}*Qaanqee guddinni isi'ii akka galmaa, takkaa mana gurgudda'aa.

كَأَنَّهُۥ جِمَٰلَتٌ صُفْرٌ ﴿٣٣﴾
33}qaanqeenJahannam,sun Yoo bifa isi'ii laalan,ammallee ceyiinsa isi'ii laalan akka gaala daalacha gurraachominni itti makameeti fakkaatti.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٣٤﴾
34}*Ibidda azaabatu,warra dubbii Rabbii dhugo'oomsuu dideef qophaayee jira.

هَٰذَا يَوْمُ لَا يَنطِقُونَ ﴿٣٥﴾
35}*Guyyaan qiyaama'aa kun, guyyaa warri isa kijibsiise waan isaan fayyadu hin dubbanne, isaan gaafas arrabaa qabaman. ,

وَلَا يُؤْذَنُ لَهُمْ فَيَعْتَذِرُونَ ﴿٣٦﴾
36}* Gaafas warra kafare saniif, akka dubbatanii sababaa waan hamtuu dalaganiif himatan , izniin isaanif hin godhamu, ragaan isaan fidatan irraan qeebalamu, inumaa dubbatuu hin qaban jechu', dubbatuu dhabuun isaanii bakka gari'itti, ammon bakka gari'itti ni dubbatanii haa tayuu irraan qeebalamu, wanni isaan himatan irraan dhagayamtu.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٣٧﴾
37}*Ibidda Jabaadhatu,warra waan ergamoonni Rabbii odeesse qeebaluu dideef, guyyaa boruu jira.

هَٰذَا يَوْمُ ٱلْفَصْلِ
*guyyaan,qiyaama'aa,wanni warra rabbitti kafaree aakhiraa Dhugo'oomsuu dideen je'amu; guyyaan kun ,kan hin dhufu jettanii dhugo'oomsuu diddanii, hunoo kanaa,

جَمَعْنَٰكُمْ وَٱلْأَوَّلِينَ ﴿٣٨﴾
38}*Isiniifii warra isin duraa hunda walitti qabnee, ijaan gartanii azaaba rnud

39}*Mee yoo heelaa,takkaa mala itti azaaba ifirraa deebiftaniin qabaattan fida'aa azaaba ifirraa deebisaa je'aniin, duuba eessaa ifirraa deebisuu dandayan.

فَإِن كَانَ لَكُمْ كَيْدٌ فَكِيدُونِ ﴿٣٩﴾

40}*Guyyaa san azaaba jaba'aatu warra qiyaamaa khijibsiisef jim.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٤٠﴾

* Ammoo warri Rabbitti amanee guyyaan boruu ni dhufaa yaadee ,azaaba Rabbii soda'aaf ,waan hamtuu dhiisee waan gaarii dalage

إِنَّ الْمُتَّقِينَ

*Guyyaa qiyaama'aa isaan gaaddisa mukkeen jannataa jala tattaa'anii qanani'an,

فِي ظِلَالٍ

41}*Ammallee ija bishaan jannataa tan ya-aturra tattaa'anii dhuganii daaw'atanii qan-ani'an.

وَعُيُونٍ ﴿٤١﴾

**42}***Ammallee,waanmidhaan,asheetaa taye,kan qalbiin jaalattu hundaan qanani'an.

وَفَوَاكِهَ مِمَّا يَشْتَهُونَ ﴿٤٢﴾

*Wanni isaanin je'amu jannata keessatti nyaata gaarii nyaadhaa,dhugaatii gaarii isin hin miine dhuga'aa qanani'aa,

كُلُوا وَاشْرَبُوا هَنِيئًا

43}*Waan, addunya'arratti, waan gaarii dalaydanii dabarsitaniif jecha,

بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٤٣﴾

44}*Nuti akkasitti warra Rabbi sodaatee, dalagaa, tolchee,waan. dalagu hunda Rabbii je'ee dalaguuf sawaaba guddaa kennina.

إِنَّا كَذَٰلِكَ نَجْزِي الْمُحْسِنِينَ ﴿٤٤﴾

45}*Ammoo warra sawaaba Rabbii dhugo'oomsuu dideef,warra ergamoota Rabbii khijibsiisef, azaaba {wayl} je'amuutu jira.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٤٥﴾

*Warra Rabbitti kafareen rabbiin addunnarra jirtan qanani'aa, nyaadhaa, dhugaa, uffadhaa, aakhira'atti isinan qixaaxu'uu taa'aa

كُلُوا وَتَمَتَّعُوا قَلِيلًا

46}*Isin warra Rabbii keessanitti balleysee galata isaaf galchuu dhiisee.

إِنَّكُم مُّجْرِمُونَ ﴿٤٦﴾

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٤٧﴾

47}*Guyyaa qiyaarna'aa, warra Rabbitti balleessef azaabatu j ira.

وَإِذَا قِيلَ لَهُمُ ارْكَعُوا

*Orma ,kuffaaratin. Hoggaa .addunya'arr-atti amana'aa salaataa je'aniin,

لَا يَرْكَعُونَ ﴿٤٨﴾

48}*Rakuu'a hin godhan, hin salaatan jechu'.

وَيْلٌ يَوْمَئِذٍ لِّلْمُكَذِّبِينَ ﴿٤٩﴾

49}* Azaaba jaba'aatu warra hin salaam-nef guyaa qiyaama'aa jira,

فَبِأَيِّ حَدِيثٍ بَعْدَهُ يُؤْمِنُونَ ﴿٥٠﴾

50}*Si orrni kuffaaraa sun yoo quraana kanatti amanuu didan eega dubbii qur'a-anaa didanii,dubbii tarnitti arnanan? Tak-kaayuu eega qur'aana khijibsiisanii dubbii eenyuti dhugo'oomsan